CGIAR Challenge Program on WATER & FOOD Nile

Brief 7

Rainwater management for resilient livelihoods June, 2011

Waltajjii Kalaqaa /innovation platform/ jeechuun maal jeechuudha?

Waltajjii kalaqaa jeechuun qooda qabeeyiin tuta adda addaa irra walitti dhuffani beekumsa kan itti walijijjiiran fi hojii gamtaan hojjeechudhaan jijjiirama jireenya fi e'egumsa qabeenya umamaa fiduuf kan itti waliin hojjetanidha. Fedhiin waltajjii kalaqaa/innovation platform/ guddichi fooya'ina jireenya qonnaan bula fi eegumsa nannoo walsimsiisuu kan bu'urefate akkasumas oggumma qonnaa qofa oto hin ta'iin babal'ina dhabileewwani, gabaa fi imaammata/policies/ irratis ta'u isaa kan hubbatedha. Foyyaa'insii hojii e'egumsa lafa fi bihsaanii baay'inaa fi ittifufiinsaan fiixaan bahu kan danda'u dhimoota xixiqqaa amala qoteebula jijjiiraan irrati xiyyeeffachuu irraa dhimoota baballa irratti xiyyeeffachudhaani. Innis hirmaana fi xiyyeeffanna qooda qabeeyii adda addaa kan akka umata, mootumma, miti mootumma, hojjetoota qoranno fi hirmaattota dhunfaa kan barbaachisudha. Adeemsi kun obsaa kan barbaadu ta'aus bu'aansaa itti fufiinsaa kan qabuu fi abdachiisadha.

Gosoonni dhimmoota **waltajjiin kalaqaa** itti xiyyeeffatu kan armaan gaditi argamaan hammachuu danda'a:

- **Cancala/hidhata/gabaa guddisuu:** Hirmaattota adda addaa kan akka omishtoota, dhiyeesitoota, daldaltoota akkasummas to'atoota toora hidhata faayidaa (value chain) irrati walitti fiduudhaan rakkoolee kallatti hidhata faayidaa irra jiru addaan basuuf fi irrati xiyyeeffachuuf daraan ni gargaara. Rakkoolee kana furuun, omishoota kallatitiin ittifayyadamoo taasisaa, akkasumas gargaarsa qotee bulatiif kennamu akka isaan omisha gaba irratti barbaadamu irrati xiyyeeffatani investii gochuudhaan jireenya isaanii foyyefatan isaan gargara
- **Misooma qabeenya umama jajjabeessuu:** Dhimootini lafa fi bishani ilaalcha cimaa tessuma lafa (landscape) irrati hunda'e qabu. Gochaan ykn hojiiwwan fayyadamtoota (jiratoota) lafa gara olii warra gara gadii jiraatan irratti hubaatii qabatama ni geessisa. Akkasumaas hojiwwan qabatamoo kan akka jallisii xixiqaa fi e'egumsi biyoo fi bishani yeroo hedduu ittifayyadamtoota addaa adda ni huba. Kanafu hojii gamtaan hojjechuun guddaa barbaachiisodha. Kanaf **waltajjiin kalaqaa** dandii faayida qabeessa dhimmoota tessuma lafa (landscape) irrati xiyyeeffanna ni kenna.

Haasa fi gocha walsimsiisu:
Waltajjiin kalaqaa baka itti haasaani/odeessani/ oli. Bu'aa argamsiisuu fi gara jijjiirama haala gocha/hoji/ qabatama qonnaan bulaatti geessun waltajjiicha irra ni e'egama. Fkf akkaata qaama projeekti madaqsaa nyaata horii IFAD aanaa Ada'ati, xiyyeeffannoon ***waltajjii kalaqaa*** inni guddaan dhimmmoota nyaata beeleda fi ittifayyadama nyaata beeledoota gosa fooyya'aa babaliisu fi horii aannani sanyii foyya'a dhiyeessuu, akkasumas haala gabaa aannanii jajjabeessuti kan xiyyeeffate ture.

Akkaata kamiin waltajjiin maala haaraa sagantaa NBDC keessati fayada?
Sagantaan NBDC ***waltajjiin kalaqaa*** xixiqoon buufata qorrannoo keenya sadan Diga, Fogaraa fi Jalduu irrati akka jalqabamaniif haala mijeessuuf yaada jira. Kanaafu walga'iiwwan waggaati yeroo 3 hanga 4 qabaachuun ykn akka barbaachisetti wal arguu ni barbaadna. Haaluma kanaanis hirmatoota adda addaa akka mootumma keessayyu gareewwan kan akka bishanii fi qonna irrati ittigaafatumma qabaan, miti mootumma, hirmatoota dhunfaa, waajjira qorannoo, bakka bu'oota umata fi kan biiroo sadarka aanaati walitti fiduuf yaadameera. Akkaataa ballina yaada marii irrati hunda'udhan waltajjiichi hirmatoota adda addaa aanaa ala tayanillee dabalu ni danda'a. Kayyoon isaa rakkoolee e'egumsa lafa fi bishani jiran waliin adda baafachuu fi bakkewwan sadaniti karoora hojii waliin bafatani hojii itti seenuf ta'a. Akkasummas, waltajjiichi haala (toofta) maddi qabeenya hojiin waltajjiichan karoorfame ittin rawwatu argamu ni mijjeessa. Yeroo waltajjiichi guddatus waltajjii kana kan biyoolessati makudhaan carraa toora qunnamti hirmatoota biyoolesaatiif ni banna. Nuyi walgargarsaa sadarkaale gadi wajjini fi waliin-misoomu/guddachu/ ***waltajjii kalaqaa*** ni barbaadna. Gaheen NBDCs jalqabbii ***waltajjii kalaqaa*** kanaaf haala mijjeesitu akkasumas haldureewwan mijaa'ina isaaf barbaachisan barrachuu dha.



Suura 1. *Waltajiin haaromsaa maddi beekumsaa adda addaa akka gara gochati jijjiiramu ni gargara*

Maddi malaqa Gaafi Misooma Suluula Nile (NBDC), Qaama tuuta Gorsitoota Qoranno Qonnaa Adunyaa (CGIAR) Sagantaa Gaafi Nyaata fi Bishan (CPWF) irrati. Kayyoon isaas jajjabina jireenya jiratoota badiyyaa lafa baddaa Itiyoopia irrati argamaan kallati tessumma lafa irrati hunda'udhaan to'aanna bishan roba foyyessuudhaf. Projeektoota walittimakamaan shan qorannoo 1) Kan darbe irra baru; 2) tarsimmoo qindoominaa bishan rooba qopheessuu; 3) xiyyeefachuu fi babalisuu mala haaraa (innovation) to'annaa bishan roba; 4) gamaagamu fi mulata bu'a mala haaraa ittiin bishan roba to'atamu ilaalu fi 5) Waltajjii barumsaa, walqunnamti fi qindeessa projeektoota cufaaf haala mijjeessu kan xinxaluudha.

Sagantaan NBDC kan hojjeettamu waltoota kan akka Dhaabbata Qorannoo Beeleda Adunyaa (ILRI), Dhaabbata Misooma Bishan Adunyaa (IWMI), Giddu galeessa Maka- Qonnaa fi Bosonaa Adunyaa (ICRAF), Dhaabbata Misooma Bargama (ODI), Jalqaba Suluula Nile (NBI), Dhaabbata Naannoo Istookholm (SEI), Dhaabbata Qorannoo Poolissii Dinagdee Itiyoopia (EEPRI), Tajaajjila Gargaarsa Katholikii-Itiyoopia (CRS-Ethiopia), Dhaabbata Qorannoo Qonnaa Naannoo Oromia (ORARI), Dhaabbata Qorannoo Qonnaa naannoo Amhaaraa (ARARI), Univarsitii Bahirdaar, Univarsitii Wallagga, Ministeeraa Qonnaa fi Ministeeraa Bishani fi Humnatiin.
Kan qopeese: Alan Duncan (a.duncan@cgiar.org)
Oddeeffannoo dabalata: http://www.nilebdc.org

This document is licensed for use under a Creative Commons Attribution-Noncommercial-Share Alike 3.0 Unported License.